Gaafii fi Deebii Waa'ee ACCESS for ELLs Dhaaf fi Alternate ACCESS for ELLs

ACCESS for ELLs[1] fi Alternate ACCESS for ELLs Maali?

ACCESS for ELLs fi Alternate ACCESS for ELLs dandeetii Afaan Ingiliffaa warra itti hindhalanne, warra afaanicha baratan, danddeetii isaanii qorachuudhaan seera barachuu Afaan Ingiliffaa warri seera kan federal fi state baasan akka guutan qorannaa kanaan madaalama. Qorannaan kun warra Ingiliffaa baratan hammam akka isaan fooyya'aa, guddataa barumsa warra kaanis; dubbisuu, caafuu, dhaggefatanii-galuufii fi ittin dubbachuu akka danda'aan kan ilaalu dha.

Qormaata kana maaliif kennina?

Qabxiin barattoonni qormaata ACCESS for ELLs fi Alternate ACCESS for ELLs argatan odeeffannoo waa'ee dagaaguu yks guddina Afaan Ingliffaa baayyee bu'aa gaarii of'keessaa qaban, mana barnootaa fi maatiidhafkennu. Maatiin qabxii qorannoo kanaa irratti hunda'anii ijoolleen isaani hubannaa dhaaf dandeetii hammam ga'u akka qaban irraa hubatu; mana barumsaattis dhi'aatani akkamitti barumsa ijoollee isaanii keessatti hirmaatanii gargaaruu akka danda'an mari'atu.

Barsiisotii fi manni barumsaas qabxii qorannaa kanaan barattoonni Afaan Ingiliffaatti hammam akka isaan guddataa adeeman, barumsa barsiisanis itti qophaa'u, fi sagantaawan fooyinsa Afaani xinxaluudhaf ittin fayyadamu. Manni barumsaas qabxii barataa tokkoo ilaaleedhuman barataan sun barachuu Ingliffaa raawwate keessa ba'uuf qopha'aa ta'uu isaa irraa hubatu.

Ba'hiin qormaata aanaa (district) fi mana barnootaatiin kennaman itti gaafatama fi safara federal fi state guutuu isaanii ittiin madaalu.

Qormaata kana eenyutu fudhachuun irra jira?

Barrattoonni Ingiliffaa baratan hundi, mana barnoota hawaasaa, K-12 keessa kan jiran waggaa-waggaan kan kennamu qorannaa dandeettii Ingiliffaa fudhachuun, keessatti hirmaachuun dirqama isaaniiti. Baratoota yartuu irraa kanhafan Ingiliffaa kan baratan hundi qormaata ACCESS for ELLs fudhachuu qabu.

Barattoonni Karoora Barumsaa dhunfa'aa keessa jiran, Individualized Education Program (IEP) yookiis karoora 504 akka isaaniif ta'utti qophaa'uufiif hiree qabu. Fakkeenyaaf, qormaata hiree waraqataa gurguddisanii maxxansuu fi brailleen qopheessuufi, (kan warra ijaan dubbisuu hindandeenye).

Barattoonni tokko-tokko warri hir'rina dandeettii hir'ina dandeettii sammu qaban iddoo Alternate ACCESS for ELLs isa jedhuu ACCESS for ELLs fudhachuu dhaaf hiree qabu. *Akka itti Alternate ACCESS for ELLs keessatti hirmaatan qajeelcha kennu*. (Districts, Schools and Educators > Teaching and Learning > Statewide Testing > Minnesota Tests dhaqaa ilaalaa.)

---

[1] ACCESS - Accessing Comprehension and Communication in English State to State (Qubeen tokko-tokko sagalee ACCESS jedhu kana keessa jiran, sagalee tokko-tokkoof dhaabbate): A – Accessing (Qorannaa), C – Comprehension (Dubbisan yks haasaan hammam akka barataa tokkoo gale), C – Communication (Haasaa dhaan yks caaffataan nama quunnamuu danda'uu), E – English (Afaan Ingiliffaa), S - State to State (Statetota gidduutti).

ELLs - English Language Learners: E – English (Afaan Ingiliffaa), L – Language (Afaan tokko), L – Learner (Afaan sana kan baratu), Ingiliffaan afaan dhalootaa isaa/ishee kan hinta'in.

Qormaati akkamitti kennamu?

Barrattoonni garri caalaan qormaata kana ACCESS for ELLs computer irratti fudhatu, garuu kutaa fi waan baratan (dubbisuu, caafuu, dhaggeeffachuu fi dubbachuu) irratti hundaa'ee garaa'garummaan jiraachuun hindanda'a.

Barsiisotatu qormaata kana Alternate ACCESS for ELLs kennuuf baratoota tokko-tokkoon (adda-addaan) waraqata irraatti wajjin hojjetu.

Barattoonni qormaata kanaaf attamitti qophaa'u danda'u?

Barattoonni qormaata ACCESS for ELLs yks Alternate ACCESS for ELLs dhaaf qayyabachuu isaan hinbarbaachisu. Barsiisonni shaakalsiisuuf qormaata isa sana fakkaatu barattootaa kennanii gaafa guyyaa qormaata sana akka haaraa itti hintaane gochuu hindandau.

Qormaata kana attamitti darbu?

Barattoonni qormaata ACCESS for ELLs yks Alternate ACCESS for ELLs kufuu yks darbuu wanti jedhamu hinjiru. Sababii qormaatichi barataa Ingliffaa tokko dandeettii afaanicha hubachuuf dimma itti ba'u isaa madaaluuf ta'eef, barataan tokko Ingiliffaa hammam dandeetti isaa kan safaru qabxi 1-6 kennamaaf.

Qormaata ACCESS fi Alternate ACCESS for ELLs dandeettii attamiitu ilaalama?

Qorannaan ACCESS for ELLs dandeettii Afaan Ingiliffaa; dubbisuun, caafuu, dhaggeeffachuu fi dubbachuu Sadarqaa WIDA jedhamu kan Guddisuu Afaan Ingiliffaa (ELD) irratti hundaa'ee ti. WIDA English Language Development Standards ilaala. (WIDA > Standards & Instruction > English Language Development (ELD) Standards dhaqaa ilaalaa).

Alternate ACCESS for ELLs kan biraa kan jedhamu, Alternate Model Performance Indicators (AMPIs) dandeettii dubbisuu, caafuu, dhaggeeffachuu fi dubbachuu madaala yks safara.

Bahii ACCESS for ELLs fi Alternate ACCESS for ELLs kan mucaa kootii, kan mana barumsaa isaa fi kan aanaa attamittan arguu danda'a?

Manni Barumsaa keessan gabaasa bahii barattootaa adda addaan (tokko-tokkoon) kan mucaa keessaniis waan argatuuf isinii kennuu danda'a. Gabaasi kun mucaan keessan akaakuu barumsa affaani sana irratti akkam akka hojjeteef qabxii hammamii akka argate agarsiisa.

Bahii mana barumsaa fi kan aanaa Minnesota Report Card kutaa jedhu, kan Data Center MDE website irratti argama. Minnesota Report Card kutaa MDE websaayitii dhaqaa ilaalaa. (Data Center > Minnesota Report Card dhaqaa ilaalaa.)

Odeeffannoof, kan kanaa gaditti kenname quunnamaa:

Statewide Testing
mde.testing@state.mn.us

Minnesota Department of Education
1500 Highway 36 West
Roseville, MN 55113-4266
http://education.mn.gov

Fulbaana 2018